Nan jedhe: Yaa Ergamaa nagaa bahuun akkamitti argama? isaanis ni jedhan: «Arraba kee qabadhu, manni kee siif haa bal'atu, badii kee irratti boo'i

Uqbaa bin Aamir irraa akka odeeffametti -Rabbiin irraa haa jaallatu- ni jedhe: Nan jedhe: Yaa Ergamaa nagaa bahuun akkamitti argama? isaanis ni jedhan: «Arraba kee qabadhu, manni kee siif haa bal'atu, badii kee irratti boo'i».
[sirrii] [tirmiziifii ahmad odeessan]

Uqba bin Aamir -Rabbiin irraa haa jaallatu- Duuniyaa fi Aakhiratti wantoota nagaa bahuu mu'uminaaf sababaa ta'an irraa Nabiyyii -nagaa fi rahmanni irra gaa jiraatuu- gaafate. Isaanis -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhaniin: Wantoota sadii gochuun sirra haa jiraatu: Inni jalqabaa: Arraba kee waan kheyriin isa keesa hin jirree fi jecha badaa hunda dubbachuu irraa tiksi, waan gaarii malee homaa hin dubbatin. Lammaffaan: Mana kee qabadhu akka dhufatti Rabbiin gabbartuuf jecha, turuun dhuunfaatti Rabbiin gabbari, ajaja Rabbii ol ta'ee irratti bobba'i, mana kee keessa taa'uun qorumsa irraa fagaadhu. Sadaffaan: Badii raawwatteef jecha boo'i, gaabbi, irraas tawbadhu.

http://www.sunnah.global/hadeeth/om/show/3602